



**Piroojektiin Fooyessa Kooridoorii Daandii 23ffaa fi  
Bakka Magariisaa Oollaa Bakka Wiirtuu**

Bona 2014



# Dongho Chang



Hi. Ani Dongho Chang Injinarii Tiraafikaa Magaalaa Siyaatil Qajeelcha  
Geejibaa irraa ti.

Unuuf daandii nagaa qabeessa namootaa fi meeshaalee geejibuuf mijatu  
dhimma ijoo dha.

Daandiiwan Siyaatil nageenya qabanii fi balaan hanqachaa yeroo jirutti, ammallee  
balaan tokko baay'ee dha.

Nutis balaa tiraafikaa hanqisuu fi hanga bara 2030tti miidhaa dhabamsiisuuf  
galma qabannee, daandiiwan keenya irra deebiin dizzaayinii goonee itti yaaduun  
nageenya isaanii mirkaneessinee nama hundaaf caalaatti tajaajila guutuu  
akka kennan taasisaa jirra.

Dhiyeessi kun piroojektii lama kan qabu yoo tahu kunis nageenya fooyessuu  
fi namootaa fi meeshaalee sirnaan geejibuuf kan ibsu dha. Daandii 23ffaa  
akkamiin akka fooyessinuu fi giriinweeyii(magariisaa) dhiyoo uumuu dha.

Garuu dura, haala har'aa mee gadi fageenyaan haa ilaallu.

## Daandii 23ffaa – kooridoorii barbaachisaa



Guyyaatti namoota kumaatama kan tajaajilu

- Daandii 23ffaan muddamaa dha! Namoonni jiraatan, hojjetan fi taphatan itti fayyadamu. Guyyaatii namoota kumaatama kan tajaajilu:
  - Konkolaataa baayina hanga 20,000
  - Dabarsaa 5,800- Bulchiinsa Kiingii keessaa guddinaan 8ffaa, fi
  - Baayinaan namoota tiratanii fi biskileetiin fayyadamanii dha

## Daandii 23ffaa har'aa



Dhooqa

Garuu, daandii 23ffaan booca gaarii irratti hin argamu.

Dhooqaa fi caba baay'ee qaba.

## Daandii 23ffaa har'aa



Karaa dhiphaa

Har'a, bal'inni karaalee daandichaa fi lukaan tirannaan isaa daandii 23ffaa fulla'aa miti.

Bakkeewwan tokko tokkotti, kan akka daandii Baha John fi daandii Oliiv, karaaleen isaanii hanga miila 8 fi walakkaa dhiphata.

Kunis daddarbii konkolaatota bal'aa fi tiraanziitii ulfaataa taasisee jira.

## Daandii 23ffaa har'aa



Bakka qaxxaamuraatti taruun kan hin dandeessifne

Konkolaachiftoonni gara bitaatti taruuf itti ulfaata kunis yeroo qisaasa.

Mee sinittan agarsiisa...

## Daandii 23ffaa har'aa




Konkolaataa taru bira naanna'uun gara bitaatti taruun daddarbii tiraafikaa harkisa.

Viidiyoo kana keessatti, konkolaataan taru saffisa hanqisuun konkolaachiftoonni  
karaa isaanii akka jijiiranii fi akka eeggatan dirqisiisa.

Karaa ifa diimaa taruunis konkolaachiftoota bira irratti dhiibbaa qaba,  
yeroo ifni banu, konkolaachiftoonni namoota daandii qaxxaamuruuf jedhan gufachiisu.

## Daandii 23ffaa har'aa



Dhiphaa fi daandii tirattootaaf hin mijanne

Mee karaa qaxxaamuraa namootaa kana ilaala....

## Daandii 23ffaa har'aa



Tirattootaa fi konkolaataa gidduu fageenya gahaa hin qabu

Mee ilaalaan konkolaataan sun hagam karaa namootaatti akka siiqe-bakki  
dabalataa barbaachisaa dha.

## Nageenyaa fi daddarbiinsa fooyyessuu

✓ Daandii guutuu

Amma egaa suuraa kanneen argitee jirta, kunis homaa ajaa'iba miti bara 2013tti, daandii 23ffaa gariin hojjechuuf piroojektii eegallee jirra. Nageenyaa fi daddarbii saffisiisuuf kaayyoo qabanneen, tarree daandii guutuu hordofnee jirra.

Tarreen kun gaaffilee hedduu deebisuuf meeshaa ta'a:

- Haalli daandii kanaa maalii?
- Eenyutu itti fayyadamaa?
- Konkolaatonni saffisa akkamiin konkolaatuu?
- Walitti bu'iinsi jiraa?
- Daandiwwan ijoo akka 520 fi I-90 waliin akkamiin walitti dhufaa?
- Fandiin ni argamaa?
- Hawaasni maal yaadaa?

Hawaasa waliin mariyachuu fi daataa ilaaluun booda, piroojektii keenya daangaa isaa bal'isuun fiicharoota biraat itti dabaluun kooridoorii nama hundaaf mijatu fooyyessuu dha.


## Kooridoorii Guutuu

- Daandii Ro'aanookee  
(From E Roanoke street  
to S Reiner Street)  
Baha irraa gara Daandii  
Reeyiner Kibbatti kan  
fulla'u
- Duraa duuba sadii



As you can see, our project extends from East Roanoke Street to Rainier Avenue South and is Akkuma argitan, piroojektiin keenya Daandii Baha Ro'aanookee irraa gara Kibba Daandii Reyineer kan gahuu fi duraa duuba sadii kan qabu dha.

# Duraa duuba 1




Duraa duuba 1ffaan Daandii Bahá John (East John Street) irraa gara Daandii  
Kibba Jaakson (South Jackson Street)

## Duraa Duuba 2



Duraa duuba 2ffaan Daandii Kibba Jaakson irraa gara Kibba Daandii Reeyineer dha.

## Duraa duuba 3



Duraa duuba 3ffaan Daandii Ro'aanokee Bah irräa gara Daandii Bah John dha.

## Elementoota furtuu ta'an



New pavement



Sidewalk improvements



Lighting improvements



Increased transit reliability



Traffic signal improvements




Public art



Adjacent neighborhood  
greenway


Duraa duuba hundaa irratti peevimentii haaraa, karaa lukaan tirannaan,  
fi fooyeffama mallattoolee tiraafikaa qabatama daddarbiinsaa dabaluu,  
ifa gahaa fi artii hawaasaa itti dabalama.

Karoorri keenya bakka magariisaa (greenway) ollaa kan dabalatu yoo tahu  
waa'ee kanaa waa jenna.



Daandiin 23ffaan waliigalatti karaa afur qaba; tokkoon kallattiif karaa lama lama qaba.

## Har'a- Daddabarsituu afur, kallattii tokkotti daddabarsituu lama



Kun dhiyootii yeroo ilaalamu dha. Fakkiin kun taa'umsa daandii 23ffaa ifaa dha.

## Fooyeffamoota Kooridoo

**Fuula Duratti: Daddabarsituu 4**

**Fuula Duratti: Daddabarsituu 3**


**Fuula Duratti: Daddabarsituu 3**



Duraa duuba 1 fi 2ffaaf, daandii 23ffaa gara karaa saditti dizzaayinii isaa hojenna.  
Kana jechuun karaan tokko kallattii tokko irratti tahee taruuf ammoo  
karaa tokko gidduutti jechuu dha.

Duraa duuba 3ffaa irratti, kunis daandii 23ffaa fi daandii 24ffaa kan dabalatu,  
akkuma duraa karaa afuriin itti fufu.

## Fuula Duratti – Daandii E John fi Daandii Rayiniyer gidduu K



AAmma ammo daandii kana akkamiin akka jijiirru ilaalla. Amma, waan isin yaadaa jirtan nan beeka- Kun hiikcaa hin qabu. Daandiin 23ffaan duraanuu muddamee jira.

Kun akkasitti mijata. Daandii muddamaa irratti, daandii karaa lamaa gara daandii karaa lamaatti fi gidduutti karaa itti taruutti jijiiruun:

Walitti bu'iinsa hir'isa

Saffisa hir'isa

Konkolaataan osoo tiraafika hin dhaabiin akka taran dandeessisa

Konkolaachiftooni karaa keessaa akka hin baane to'achuuf dandeessisa

Karaa tirannaaf bakka bal'aa hambisa

Daandiwwan qaxxaamuruuf salphaa taasisa

Konkolaataa bal'aa akka baasii salphaatti akka konkolaatan dandeessisa.

## Akka kun ta'u maaliin beeknaa?



Improves travel time by 3 minutes



Improves travel time



Stays about the same  
(+/- <1 minute  
depending on direction)

Saffisa tiraanziitii fi qabannaan daqiiqaa 3n akka fooyeffamu eegama. Akkasumas, tirachuun salphaa fi saffisa ni qabaata. Yeroon geejibaa konkolaachiftoota daandii Baha John gara daandii Kibba Rreeyiner cehaniif daqiiqaa 1-2 akka dabalu eegama.

## Akka kun ta'u maaliin beeknaa?

Rechannelization of Nickerson Street

Before



After



Daandiiwwan wal fakkaatan dizzaayinii goonee jirra – 26 kan caalan sirrii dha.

Yeroo dhiyootti, daandii Nickerson, NE daandii 125ffaa fi Gara Kolombiyaa  
fi daandii Myrtle dizzaayinii irra deebiin hojjennnee jirra.

Daataan sassaabame akka mul'isutti daandiiwwan **mirgaa** irra deebiin  
dizzaayinii isaanii hojjechuun nagaa akka qabaatanii fi namoonnii fi meeshaaleen  
sirriitti akka geejibaman dandeessisa. Piroojektiin daandii 23ffaa keenya  
takkaa erga hojjetameen booda, kooridooriin akkamiin akka hojjetamuu fi  
haala barbaachisaa ta'een ni mijeessina.

## Biskileetiin hoo?



Daandii kana mijessuun akkam tirattoota, konkolaatotaa fi tiraanziitii akkamiin akka saffisu arginee jirra, garuu biskileetiin hoo?

Ofii keenyaa fi miseensota hawaasaa gaaffilee kana gaafannee jirra,  
kanaan karaan biskileetii eegamaan ykn Tiraakiin saayikilii daandii 23ffaa  
irratti akka danda'amu qorannee jirra.

Kanaanis saayikiliif sababa nageenyaaf kun mijataa akka hin taane mirkaneessinee jirra.

## Furmaanni isaa bakka magariisaa ollaa ti



Haa ta'u malee, qarqara bakka piroojektii kanatti greenway (magariisaa) hojjechuuf yaadaa jirra.

Greenway (magariisni) namoota umrii hundaaf tirachuu fi biskileetii oofuuf caalaatti mijataa dha. Kunis **tiraafika** daandii 23ffaa eeguun, siif, maatii keef olla keef bakka nagaa taherratti biskileetii oofuuf isin dandeessisa.

## Galma piroojektii magariisaa



Nageenya fooyessuu

Daandiiwwan baayi'na konkolaataa gadi aanaa qaban irratti fi  
saffisa qaban irratti, greenway (magariisni)

- Nageenya fooyya'aa qaba

## Galma piroojektii magariisaa



Saffisa gadi buusuu

Saffisa gadi bu'aan fayyadamaa

## Galma piroojektii magariisaa



Tiraafikaa keessa-cehuu dhabamsiisuu

Tiraafikaa qaxxaamuruu hin jajjabeessiin

## Galma piroojektii magariisaa



Uumama naannoo keenyaa kunuunsuu

Amala bakka jirenyaa keenyaa eeguu

## Galma piroojektii magariisaa



Namoonni daandii muddamaa akka qaxxaamuran  
gargaaruu

Namoonni daandiiwwan muddaman akka qaxxaamuran gargaaruu

## Galma piroojektii magariisaa



Namoonni gara deemuu barbaadanitti qajeelchuu

Namoonni bakka deemuu barbaadan geessuu, akka mana barnootaa, paarkii, suuqii, fi mana nyaataa faa.

## Elementoota dizzaayinii daandii magariisaa (Greenway)



Daangaa saffisaa fi bakka goobaa saffisaa

Bu'uura gaariin eegaluun akka daandii konkolaataa muraasaa fi saffisa gadi aanaa qabani, fooyeffamoota Xixiqqoo firii guddaa qaban ni taasifna.  
Kanneen gochuu dandeenyaa:

Daangaa saffisaa sa'atiin gara maayilii 20tti gadi buusuu

Motoristoota saffisa akka hir'isan to'anno saffisaa ijaaruun fi tiraafika qaxamuraa hambisuun

## Elementoota dizzaayinii daandii magariisaa (Greenway)



Mallattoolee fi boocaalee karaa

Namoonni gara barbaadan akka deeman mallattoolee fi peevimentii dabaluun motoristoonni ammo namoonni lukaan tiratanii fi biskileetii oofan jiraachuu issanii akka baran hubachiisuun dha.

Daandiiwan muddama qaban irratti bakka qaxxaamuraa nagaa uumuun kurbaa dabaluun, lolaa saffisaan kan dabarsan, tirachuuf mijatan, fi mallattolee tiraafikaa sirnaan dhaabuun raawwachuu dha.

## Elementoota dizzaayinii daandii magariisaa (Greenway)



Mallattoo dhaabachiisan, karaa tirannaan mijataa fi kurbaa

Daandiiwan greenway (magariisa), tirannaan qaxxaamuran irratti mallattoo dhaabachiisuu dabaluun namoonni wiilcheerii fayyadaman ykn gaariin deeman nageenyaan akka itti fayyadaman dandeessisuu dha.


## Ulaagaalee filannoo daandii magariisaa (Greenway)

- Dhiyeenya daandii 23ffaa
- Baay'ina konkolaataa
- Saffisa konkolaachisuu
- Taa'umsa lafaa
- Odeeffannoo  
hawaasaa




Daandii biskileetiif (greenway) filatamaa argachuuf, daandiiwan 23ffaa dhiyoo jiran baay'ee arginee jirra. Bakkeewwan filatamoон daandiiwan saffisa gadi aanaa, konkolaataa baay'ee hin qabne fi lafa diriiraa dha.

# Karaa filatamaa ollaa magariisaa wiirtuu



Dhimmoota baay'ee ilaaluun fi hawaasa irraa yaada baay'ee argachuun booda, greenway (magariisa) Wiirtuu Bakka Ollaatu filatame. Daandii 23ffaa waliin xiyyoo deemuu irra, karaa bahaa fi lixaan daandii 23ffaa lukaan deemtotaaf Daandii Kolombiyaa irratti qaxxaamuraa haaraa uumuun dizzaayiniin hojjetameera.

# Karoora



Tokkoon tokkoo duraa duubaa jiraniif daandii 23ffaa irratti fooyeffama taasisuun dura greenway (magariisaa) olla ni ijaarra.

# Odee effannoo dabalataaf

## Ilaaluuf

[www.seattle.gov/transportation/23rd\\_ave.htm](http://www.seattle.gov/transportation/23rd_ave.htm)  
[www.seattle.gov/transportation/centralgreenway.htm](http://www.seattle.gov/transportation/centralgreenway.htm)

## Imeeyili

23rdAveCorridor@seattle.gov

## Dubbachuuf

Maribel Cruz, Outreach Lead/Hooggansa Raawwii  
206-684-7963

Kit Loo, Corridor Improvements Project Manager/Bulchaa Pirojektii Fooyessaa  
Kooridoori  
206-684-3669

Terry Plumb, Greenway Project Manager /Bulchaa Pirojektii Daandii Magariisaa  
206-733-9053

Pirojektii naannoo wiirtuu irratti yeroo fudhachuun waan barattaniif galatoomaa.  
Nutis fooyeffamoota kanneen taasisuu fi namoonni sirnaan akka darban  
nageenyaan akka itti fayyadaman taasisuuf qophoofnee jirra!